

ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT



جبهة تحرير أوروامو

Gaafa: 01-10-2012 تاريخ

Lakk.: 016/stm-abo/2012 رقم
No.:

Lammiileen Oromoo Ayyaana Irreechaa irraa Qabamanii Hidhaman Hatattamaan akka Gadhiifaman

(Ibsa Adda Bilisummaa Oromoo)

Waggaa waggaan lammiileen Oromoo miiliyoonotatti lakkaayaman Bushooftuu Hora Harsadiitti bahanii ayyaana Irreechaa mallattoo Oromummaa tahe ayyaanefatu. Daawattoonni biyyoota Awrooppaa, Ameerikaa fi bakkoota biroo irraa dhufan gariin ‘Afriikaa keessatti ayyaanni guddaan ummata miliyoonotaan lakkaawamu hirmaachisu akkasii hin mul’anne’ jechuudhaan guddina ayyaana Irreechaaf ragaa bahaa jiraachuunis beekamaa dha.

Sirna aangoo irra jirus tahee kannee Oromoon akka dirqiin Itoophiyummaatti amanu gochuu barbaadan garuu ayyaana Irreechaa eenyummaa Oromoo calaqqisu kana irraa gammachuu hin qaban. Aadaa ofii isaanii dirqiidhaan Oromoo irratti fe’uu barbaadu malee kan Oromoo kanaaf dinqisiifannoo qabaachuun hafnaan bakka isaaf malu illee hin laanneef. Sirnoonni Itoophiyaa har’aa tahee kaleessaa ayyaana Irreechaa Itoophiyaa bira dabree Afriikaa maraaf boonsaa tahe kanaaf akka mootummaatti beekamtii ayyaanummaa hin kennineef. Oromoon isaan bara baraan gad xiqqeessuu fi eenyummaa isaa ukkaamsuu barbaadan kana booda akka isaan jalatti jilbeenfatee buluuf hin jirre, walabummaa biyya isaa labsachuu fi bilisummaa isaa deeffachuuf qophii tahuu isaa itti garsiisaa jira.

Ayyaanni Irreechaa baranaas Fulbaana 30, 2012 Hora Harsadii irratti bifuma baratameen ummata miliyoonota hirmaachisee ayyaanefatameera. Mootummaan Wayyaanee kan farra guddina aadaa Oromoo tahe ayyaana kana gufachiisuuf jecha humna hidhataa lakkoofsa guddaa qabu ummatatti bobbaasuudhaan, akkuma barate gooda fudhattoota ayyaanichaa hidhuu, uffannaa fi faaya aadaa shamarranii fi dardarran Oromoo irraa saamuu, karaatti danquun bakka ayyaanaa hanqisuudhaan diinummaa ummata Oromoof qabu baranas mirkanesseera. Humni hidhataa Wayyaanee ayyaanota ummanni kabajatu biroo tajaajila tikaa kennuuf yoo bobbaafamu gaafa ayyaana Oromoo garuu tarkaanfii reebichaa, saamichaa fi hidhaa akka raawatuuf bobbaafama. Tarkaanfii farrummaa sirna kanaatiin ayyaana baranaa irratti lammiileen Oromoo lakkoofsaan dhibbaa ol tahan qabamanii achuma Bushooftuutti hidhamuun beekameera. Lammiileen 55 tahan ammoo Mana Hidhaa Ma’kalaawiitti dabarfamanii “torchariin” akka dararaman godhamaa jiraachuun ifa taheea. Kun gabaasaa maddeenii kan hanga ammaatti qofa beekamee dha malee lakkoofsi ilmaan Oromoo ayyaana kana kabajaniif qofa yakkamanii hidhamanii kanaa ol akka tahuu dan’da’u ni hubatama.

Miidiyaaleen idil addunyaa dhimmoota biraa waan xixiqqaa gabaasuun gurra nu duuchan ilmaan Oromoo dhibbaan lakkaawaman ifa gala akkasiin yeroo hammaaramanii hidhaman, reebaman, kudhanootaan mana murtiitti dhihaatan irraa ija jaamfachuu fi gurra duuchattuu filattan isiniif qaani dha jennaan. Jibbinsa fi balfa dhimma Oromootiin afaan keessan lugamame irraa bilisoomtanii miidiyaa madalawaa hundaaf akka tajajiltan wamicha isiniif goona.

Sirni Wayyaanee lammiilee Oromootiin maaf aadaa keessan kabajattu jedhee yoo hidhu, dararu, reebu, huccuu fi faaya aadaa irraa saamu kun kan duraa tahu baatu illee, tarkaanfiin sirnichaa kun hundinuu ummata keenya duubatti deebisuu hin dandeenye. Borus duubatti deebisuu hin dandaú. Mootummaan mirga aadaa anatu isiniif kabaje ofiin jedhu maaf aadaa keessan kabajattan jedhee lammiilee Oromoo qabee hidhuun mallattoo abdi kutannaa ti. Addi Bilisummaa Oromoo gochaa mnootummaa farrummaa ummta Oromoon guutame kana gadi jabeessee baalaaleffata. Mootummaan Wayyaanee lammiilee Oromoo hanga ammaatti sababa kanaan bakka adda addaatti hidhee dararaa jiru hatattamaan akka gad lakkisus Addi Bilisummaa Oromoo gad jabeessee hubachiisa.

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!

Injifannoo Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo

Onkoloolessa 01, 2012